Kabajamoo Hojjettootaa,

Galmee madinummaa (eegumsa ittisa) **measles, mumps, and rubella (MMR, gifira, maangurroo, shiftoo)** isiniif hin qabnu.

Hojjettoonni fi tola ooltonni wiirtuu kunuunsa daa'immanii heyyama qaban hundi kanneen armaan gadii dhiyeessu qabu:

1. Galmeen madinummaa yoo xiqqaate talaallii MMR tokko akka fudhatte agarsiisu.
2. Mirkaneessi madinummaa dhukkuba gifiraa (qorannoo dhiigaa ykn titeerii jedhamuun beekama).
3. Namni dhuunfaa sun dhukkuba gifiraa irraa bilisa ta'uuf madinummaa gifiraa gahaa qabaachuu isaa ragaa ogeessa fayyaa irraa argame; yookiin
4. Mirkaneessa barreeffamaa ogeessa eegumsa fayyaa heyyama qabuun mallatteeffame, akka murtii ogeessaatti, talaalliin MMR nama dhuunfaa sanaaf akka hin gorfamne ibsu.

Hojjettoota giddugala kunuunsa daa'immaniif sababa dhuunfaa, falaasama ykn amantii talaallii MMR irraa bilisa ta'uun kana booda hin heyyamamu.

Sagantaa keenya keessatti ykn hawaasa keessatti weerarri **dhibee gifiraa** yoo jiraate, namni kamiyyuu ragaa madinummaa dhukkuba gifiraa agarsiisuu hin dandeenye **hanga guyyoota 21 mana turuun** akka isa barbaachisuu muummeen fayyaa gaafachuu danda'a. Kunis tatamsa'ina dhukkuba gifiraa dhaabuuf gargaara.

Dhukkubni gifiraa baay'ee daddarbaa waan ta'eef dafee babal'achuu danda'a. Akkasumas rakkoo fayyaa hamaa fiduu danda'a. Odeeffannoo dabalataaf, maaloo marsariitii Washington State Department of Health (Muummee Fayyaa Kutaa Waashingitan): doh.wa.gov/measles daawwadhaa.

Waa'ee dhukkuba gifiraa gaaffii yoo qabaattan, ogeessa kunuunsa fayyaa isiniif kennuu waliin haasa'aa.

Nagaa wajjiin,